

DAANDII RAINIER AVE S IRRATTI JIJJIIRAMNI YEROO DHIHOTTI DHUFAA JIRA



2019

Konkolaataan akka walitti hin buune ittisuudhaaf haala daandii jijjiiruu fi bakka daandiin itti walqaxxaamuru fooyyessuu

2020

Konkolaataa ummataa(Bus) amansiisaa akka tahuu fi nageenyi akka fooyahu naannoo projektii hafu keessatti teessuma daandii haarayaa xumuruu



Nageenya fooyyessuu fi konkolaataan ummataa(Bus) Daandii Rainier Ave S irra akka deddeebi'u taasisuu

MAALIIF?

Rainier Ave S kun daandii bala konkolaataatiin sadarkaa duraa irra jiruudha. Nama hundaaf nageenyi isaa amansiisaa akka tahu hojjataa jirra. Bara 2014, daandii Rainier kana fooyeessuudhaafi daandiin kun qaama sagantaa seattle kan bara 2030 balaan konkolaataatiin du'aa fi hir'inni qaamaa akka hin geenye taasisuu jedhu keessa akka galuuf adeemsa tumsa walii godhuu labsinee turre. Yeroo marsaa 1ffaa karaa S Alaskaa fi S Kenny Irra deebinee qajeelchuu/saxaxessuu kenyaaf nageenyi fooyahee jira. Bara kanaa fi bara dhufu marsaa 2ffaa karaa S Kenny St fi karaa S Henderson St ni xumurra.

MAALTU ITTI AANA?

Bara 2017 jijjiirama godhamaa jiru irratti duubdeebii ykn yaada keessan isin gaafannee turre. Wanti guddaan isin irraa dhageenye nageenya fooyyessuu fi konkolaataan ummataa(Bus) akka sirritti socho'u kan jedhu ture.

Erga duubdeebii ykn yaada hawaasaa irra deebinee ilaaltee booda bara kana qooda fudhattoota keenya kan King County Metro keessatti argaman waliin qiyaasa traafikaa raawwachuun bakka

daandiin itti walqaxxaamuru hunda irratti hojii fooyyessuu hojjataa jirra (Kaartaa ilaalaa). Haaluma walfakkaatuun barana karaa haaraya kutaan addaan baasnee kan qiyaasaa jirru yoo tahu bara dhufu immoo projektii hunda kan waliin geenyu taha (kan armaan gadii ilaalaa).

DAANDIIN KUN MAAL FAKKAACHUUDHAAF DEEMA?

Yaadi rimeen qiyaasa daandii kanaa sarara konkolaataa irra dhaaban ni qabaata(karaa gama lixaan yookaan karaa gama bahaan) sarara konkolaataa tokko kallattii hundaan, sarara jidduu kan ittiin naannayan fi sarara konkolaataa ummataa (Bus) ni qabaata. Iddoo konkolaataan dhaabbatu kan amma jiru dhibbeentaa 70% hin tuqamu. Haatahuu malee iddoon dhaabbii konkolaataa tokko tokko sarara konkolaataa ummataa(Bus) jijjiirama. Jijjiirama daandii kanaa ilaalchisee namoota daandii kanatti dhihoo jiran bira gahuudhaan yaada isaanii fudhachaa jirra.

Hojii ummata dubbisuu kun Qorannoo taasifameen deebiin 1,200 afaan baayyee godhamee jira, jiraattotaa fi garee daldaltootaa waliin akkasumaas sagantaa marii hawaasaa irratti ummata waliin mariin taasifamee jira. Jiraattotaa fi daldaltoota karaa kana cinaa jira manaa manatti deemnee dubbisuu fi garee hawaasaa waliin mariin itti fufa. Hubannoo dabalataaf nu qunnamaa.

RainierAveS@seattle.gov | (206) 727-8697
www.seattle.gov/visionzero/projects/rainier-ave-s




BAAYINA SARARA KONKOLAATAAN IRRA DEEMUU MAALIIF HIR'ISNEE?

Baayyina sarara dhimma adda addaatiif itti fayyadamnuu xiqeessuun ariitii konkolaataa xiqeessuu akka danda'u mirkanaahee jira. Ariitiin oofuun balaan konkolaataa hamaan deddeebiin akka dhaqabu sababa guddaadha.

Sarara daandii walakkaa dabaluu namni akka naannoo isaa fi dhaabbilee daldaalaatti maqu kan gargaru yammuu tahu saraara konkolaataa ummataa(Bus) dabaluu immo konkolaataan ummataa (Bus) osoo hin dhaabbatin akka deemu taasisa. Projektii irrattii fi naannoo sanitti Baayyina konkolaataa fi ariitii isaanii itti dhiyeenyaan hordofuudhaan yoo barbaachisaa tahe jijjiirama ni taasisna.

NAGEENYAA FI FOOYAHIIinsa KONKOLAATAA UMMATAA (BUS)




Jijjiiramni kun maaliif?

Qaxxaamura gurguddaa irratti haala balaa konkolaataa ilaalchisee qorannoo taasisnee jirra. Fooyahiinsi kun kan wixinaaye konkolaachistoonni akka suuta deemaniif konkolaataan ummataa akka hin dhaabbanneefi namni miilaa daandii Rainier irra akka deemuu danda'u godhuuf.


Ani akkamitti kaartaa dubbisa

Laakkofsi bifa burtukaanaa kan kaartaa projektii irra jiru kaartaa qaxxaamura daandii kan asi butamee mullatuun walitti dhufa. Mallattoon qara eboo fakkaattu tan bifa dhiilgee (Purple) qabdu bakka nuti itti bara kana haala daandii jijjiiraa jirru agarsiisa. Bara kana projektii hunda keessatti teessuma haaraya daandii ni xumurra.


1 Rainier & Graham Safe Routes to School




2 Rainier & Holly




3 Rainier & Othello



4 Rainier & Rose



5 Rainier & Cloverdale



6 Rainier & Henderson

